

COVID-19'n yoo qabamte maal akka gootu

COVID-19 dhaaf poozativi yoo taate, namoota kaan irraa adda of baasuun yoo mallattoowwan kan akka qaama gubaa, qufaa hargansuu xiqqaachuu, qorrawwan, bowwuu mataa, dhibee maashaalee, dhukkuubbii qoonqoo, dahdabbii, funyaan cufamuu ykn, dhandhamuu ykn urgeeffachuu dhabuu qabda ta'e ilaali. Ofiikee, maatiikee fi hawaasa kee itti suufiidha.

Kunuunsa wallaansa fayyaa kan barbaaddu yoo ta'e, qajeelfamawwan fuula duubarra jiru hordofi.

Warra kaan irraa adda of baasi



Mana turaa. Lafa hojii, mana barnootaa ykn mana keessanii ala eessayyuu hindeemiinaa. Wallaansa fayyaa kan barbaaddan yoo ta'e, qajeelfamoota asiin gadii kana hordofaa. Hanga wantooti sadan kunneen hundi dhugaa ta'aniitti mana turaa:

- Hanga isinitti fooyya'uutti. Qufaa, hargansuun xiqqaachuu, ykn mallattoowwan dhukkubbii biraa fooyya'auutti.
- fi
- Erga jalqaba isin dhukkubee guyyoonni 10 ta'e.
- fi
- Qoricha ho'a qaamaa hirrisu osoo hin fudhatiin, sa'aatiiwwan 24'f ho'a qaamaa omaa kan hinqabdan ta'e.



Mana kee keessatti namoota kaan irraa fagaadhu. Hanga danda'ameetti kutaa qofaa keessa turuun yoo jiraate mana fincaanii qofaatti fayyadami.



Maaskii fuulaa godhadhu yoo namoota biraan waliin ta'u barbaadde ta'e, wayita qafaatu fi axxiiffattu afaanii fi funyaan kee sooftiin haguugadhu. Harka kee saamunaa fi bishaaniin sirriitti dhiqadhu.



Meeshaalee mana dhunfaa waliin qoddachu dhaabi. Nyaata, saahinaa, birciqqoo ittiin dhugamu, kubbaayyaawwan, meeshaa irratti nyaatamu, foomaa, ykn namoota mana keessatti bakka ciisaa namoota kaan waliin hin qoddatiin. Meeshaalee kanneen itti erga fayyadamteen boodas bishaaniifi saamudhaan sirriitti dhiqi. Qabannaa karraa, ibsituu ifaa ykn saaqtuu ujjummoo bishaanii dabalatee, mana kee keessa eddoowwan yeroo baayyee tuqaman dafii dafii qulleessi.



Yeroo baayyee **hark kee** saamunaa fi bishaaniin sakandiiwwan 20'f **dhiqadhu** ykn saanitaayizarii qabiyyeen alkoolummaa isaa %60 harkaaf fayyadami. Harka hindhiqamneen fuula kee tuquu dhaabii.

Maaloo odeeffannoo dabalataa qajeelcha fayyaa fi marsariitii CDC'tiin maatii [Dhiiquuf fi Qoricha Farra Vaayirasitiin Qulleessuu irratti siif dhiyaatu of eegannoon ilaali \(www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/prepare/cleaning-disinfection.html\)](#).



Mallattoowwan dhukkuubbii kee hordofi

MALLATTOON DHUKKUBBII KEE YOO ITTI CAALE, AFURA BAAFACHUU KAN RAKKATTU YKN KUNUUNSA WALLAANSAA BARBAADDA TA'E:

Dhiyeessaa kunuunsa fayyaa kee quunnamii. Dursii bilbiliif. Hospitaala ykn kiliniikii dhaqu barbaadda yoo ta'e, geejiba ummataa, imala nama biraa waliin deemamu (kan akka Uber ykn Lyft), ykn taaksiitti hin fayyadamiin.

Tibba adda baafamtee turtuutti kamittiyyuu xiyyeeffannaa wallaansa fayyaa yeroo tasaa kan barbaadduu yoo ta'e, 911 irratti bilbiluun akka COVID-19 wallaanamaa jirtu haa beekan.



Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Contact health.communications@state.mn.us to request an alternate format.

07/22/2020 (Oromo)